Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Mootii Laga Irraa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: M. Maillot, Lazarus
Alastair Paterson

Kan dagaagsame: M. Maillot, Sarah S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus
ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Muummeen ministiraa Yooseef du'uu hordofee warri Gibxii hundinuu du'a Yooseefitti gadduun gadda maatii Yooseef qooddatan.

Waaqayyo biyya Gibxiin
(Misir) balaa beelaa irraa
oolchuufIbiriticha
Yooseefitti fayyadame.
Geggessaa jaallatamaa

fi ogeessa ture.
Amma garuu
darbeera
hinjiru.

Wagga dhibba sadii dura darbe booda sabin Yooseef, Ibirooti Gibxi keessatti sanyii warra guddichaa ta'aa dhufan. Mootiin haaraan Fara'oon na irratti ka'u jechuun waan sodaateef, hunduma isaanii garba taasise.



Fara'oon warra Ibiootaa irratti gocha gara jabinaa raawwatte. Magaalaa gudditti akka ijaaraniif isaan dirqamsiise. Jabaa ta'us ni hojjetan, garbooti Ibrootaa biyyicha jiranii lakkoofsaan baayyachuu ittifufan.

Guyyaa tokko, ajaji hamaan Fara'ooni irraa darbe. "Ilmaan Ibiroota dhalatan hundinuu laga Abbayyaatti (Nile) akka darbataman ajajae." Farhaoon afuura hamaan guutamee kan ajaja akkasii dabrseef lakkoofsa Ibirootaa hir'isuuf. Daa'imman illee haga ajjeesuutti ga'e.

“Maal gochuu dandeenya?” maatiin tokko gocha ajaa’ibsiisaa raawwatan. Mucaa isaanii laga Abbayya (Nile) keessa kaa’uuf murteessan. Bidiruu xinnoo dhallaadduu irraa hojjetamee irra ciibsitee qarqara laga Abbayyaa jajjaba keessa keesse.

Bidirichis jajjaba qarqara lagichaa keessa socho'uu jalqabe. Mucicha maaltu mudachuu danda'a?



Obboleettiin isaa waan mucichi ta'u ilaaluudhaaf irraa fagaattee jajjaba qarqara lagichaa keessa in ilaalti.

Akka tasaa intalli mootichaa laga Abbayyaatti dhiqachuuf hojjettuu ishee waliin dhufte.



Durboonni isheedhaaf ergaman qarqara lagichaa deeman jajjaba keessatti waan akka bidiruu waan arganii dhoksuun hin danda'amne. Itti deemuun ilaalan.

“OH bidiruu xinnootu jajjaba keessa jira. Waan keessa jiru ajaa’ibsiifatan.” Intalli mootichaa(Fara’oon) bidiricha akka itti fidan ajajje. Yeroo bidiruu xinnoon sun banamu mucaan keessa jiru boo’uu eegale. “Daa’ima Ibrootaati,” jechuun boo’icha mucichaatti garaan ishee jibbe.

Intalli mootichaa “Hiyyeessa garuu baayye bareedaa.” Jechuun akka tasaa daandii inni itti guddatu dubbatte. Gibxi keessaatti “jaalatamaa bareedaa ilamakoo” jette waamte.

Waaqayyo obboleetti mucichaaf birmadummaa addaa laate. Gara intala mootichaatti fiigidee akka siif guddistuuf dubartii Ibrootaa tokko siif waamuu jettee gaafatteen. "Fiigii fidi" jechuun deebisteef. Obboleettiin mucichaa eenyuun fiddi jettee yaadda?

“Haadha muchicaa! Atattamaan! Oh ariifadhu!” Haala dubbichaa irraa obboleettiin mucichaa waan isheen waamamteef himuuf yeroo waan itti haqate fakkaata. Daandii miilla qabatanii lamaanuu dhqana.

Gara lagichaatti deebi'an, intalli mootichaa (Fara'oon) muchicha ofitti fuute waan jirtuuf yeroo dubartittiin. "Ibrootaa dhuftu harma hoosisii naaf guddisi gatii kee siifan baasaa jechuun maqaa isaa Musee" jechuun moggaafte. Warr Gibxi biratti Musee jechuun ilma bishaaniiti.

Museen gara biyya maatii isaatti deebi'e. Waaqaa fi saba Ibrootaa akka jaallattu isa barsiisan. Ilma intala mootii ta'uun masaraa mootummaa keessa jiraate. Waaqayyo inni lubbuu Musee oolche fuulduratti karoora guddaa isaaf qaba.



Mootii Laga Irraa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Seera Ba'uu 2

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16